**DOI: https://doi.org/10.20372/jdq.v1i1.751**
**ISSN: 2521-8336 (Print) and 3005-7647 (Online)**
**Jornaalii Dilbii Qorannoo**
**Jor. Dil. Qor., Amaj. – Onk 2023, 1(1):85-106**
**Fuula Manaa: https://journals.wgu.edu.et**

Qorannoo Asilii

# Xiinxala Adeemsa Ibsa Jechootaa Afaan Oromoo: Adeemsa Gareen Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo Jechootasaa Dhaabbilee Barnootaa Olaanoof Ibsurratti Kan Xiyyeeffate

Damee Abarraa[1*], Wandimmuu Taganyi[2*], Guddataa Abdiisaa[3*]

Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsiitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

**Axereraa**

*Qorannoon kun adeemsa Gareen Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo jechoota moggaasu ittiin ibsu xiinxaluu irratti xiyyeeffate. Adeemsa qorannichaatiif, saxaxni ibsaa hojiirra oolee jira. Maddi ragaalee qorannichaa tokkoffaafi lammaffaa yoo ta'u, malli iddatteessuu hojiirra oole ammoo kaayyeffataadha. Ragaaleen madda tokkoffaa bargaaffiifi afgaaffii gartokkeen caaseffamaatiin walitti qabamani. Kan madda lammaffaa garuu, sakatta'a kuufatootaatiin funaanamani. Ragaalee funaanaman xiinxaluuf malli hojiirra oole, mala qorannoo walmakaati. Firiin secca'a ragaalee adeemsisuudhaan argame akka agarsiisutti, Gareen Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo jechoota moggaasu Barruulee Wiirtuu fuulawwan gara dhumaa irratti bifa galmee jechootaa afsadeetiin maxxansiise. Jechoota Afaan Oromootiif moggaase Afaan Amaaraafi Afaan Ingiliziitti hiikuudhaan dhi'eesse. Kan Jildii 7 malee, duraa duubni qubeefi jechoota ittiin Barruuleewwan Jildii 1-9 irratti dhi'eesse kan bifa tokkoon ibsamuu danda'an miti. Jildii 10fi 11 irratti tartiibni qubeetis ta'ee, kan jechootaa hordofame kan Afaan Oromooti. Jechoonni moggasaman karaa barruulee kanneenii Dhaabbilee Barnoota Olaanootiif dhi'aatu. Haata'u malee, carraan Barsiistonni Dhaabbilee Barnoota Olaanoo Barruulee Wiirtuu argachuuf qaban gadaanaadha. Kan irraa kan ka'e, jechoota gareen kun moggaasu argatanii itti fayyadamuu hindandeenye. Sababuma kanaan maddoota akka wiirtuu waaltina afaanichaatti beekamtii hinqabaanne adda addaa akka maddoota beekumsa jechoota haarawaatti fayyadamaa jiru. Kun ammoo, adeemsa waaltina afaanichaatiif gufuu guddaadha. Kanaafuu, Biiroon Aadaafi Turiizimii Oromiyaa garee kana gargaaruudhaan akkaataa maxxansaa, hanga maxxansaafi karaalee dhi'eessaa saayinsaawaa ta'e akka hordofu osoo taasisee milkaa'inni hojiifi saffisni waaltina jechoota afaanichaa sadarkaa barbaadamu irra ga'uu ni danda'a.*

**Article Information**

**Article History:**
Received: 05-03-2023
Revised: 20-08-2023
Accepted: 28-09-2023

***Jechoota Ijoo:*** *adeemsa, ibsa, Wiirtuu, afsadee, dhi'eessa*

**Qorataa Muummee: Damee Abarraa*

***E-mail:*** ***demeabera440@gmail.com***

Copyright@2023 Jornaalii JDQ, Yuunivarsiitii Wallaggaa. Mirgi Eegamaadha.

**Seensa**

Afaan Oromoo Itoophiyaa keessatti mirga sadarkaa barbaadamuun tajaajila kunnuu kan argate dhi'oodha. Afaan hojii, afaan mana murtiifi afaan barnootaa ta'uu kan danda'e bu'uura heera bara 1995 ba'een jechuun ni danda'ama (FDRE, 1994, f. 23). Sana booda imaammata ba'e jalatti bara 1991 afaan barreeffamaafi afaan barnootaa ta'e (Mekuria, 1993, f.15). Akka Milkeessaa (2015) ibsutti, baruma sana kitaabileen barnoota sadarkaa tokkoffaafi leenjii kolleejjii barsiistotiif barbaachisan qubee Afaan Oromootiin qophaa'an. Mootummaan Naannoo Oromiyaas guddinaafi dagaagina afaan kanaatiif itti gaafatamummaa fudhate (f. 92-93).

Kanuma irraa ka'uudhaan bara 1993 Biiroo Aadaafi Turiizimii Oromiyaa (BATO) jalatti Garee Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo (GQMJWAO) hundeessudhaan hanqinoota jechoota hojiifi barnootaaf barbaachisan moggasanii afaanicha akka waaltessan haala mijeesse (Haliimaa, Sambatoo, Abdulnaasir, Abarraafi Ibraahim, 1995, f. 1.3). Dirqamni seenaa moggaasa jechoota haarawaatis kan garee kanaa akka ta'e ibsame (f. 9). Haaluma kanaan aangoon hordoffii adeemsa waaltina Afaan Oromootis labsiidhaan biiroo garee kana hoogganu BATOtiif kenname (Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Gurmeessuu [LQRMNOG], Lak. 199/2008, ff. 40-41). Kana booda, GQMJWAO bara 1993 jalqabee jechoota Afaan Oromoo waaltessuuf hojiilee baayyee hojjachaa turee jira.

Akka Adugna (2010) ibsutti Afaan Oromoo afaan hojiifi afaan barnootaa ta'uudhaan walqabatee fedhiin dhufe fedhii jechoota moggaasuuti (ff. 3-4). Bu'uuruma kanaan GQMJWAO waggootii 26 oliif jechoota Afaan Oromoo moggaasaa turee jira. Jechoota haala Kanaan moggaasaman waaltessuuf ammoo, dhaabbileen barnootaa fayyadamtoota biroo caalaa filatamoo ta'uu hayyoonni ni ibsu (Fainberg,1974, f. 504; Downes, 1998, f. 39; Desalegn, 2020, f. 9). Kanaafuu, yeroo sanaa jalaqabee jechoonni GQMJWAO moggaasaa ture hanqinoota Dhaabbilee Barnootaa Olaanoo (DhBO) 27 mudatan furuuf carraa guddaadha jechuun ni danda'ama.

Haata'u malee, Barsiistonni Dhaabbilee Barnoota Olaanoo (BDhBO) jechoota GQMJWAO dhiisanii kan mataa isaanii fayyadamaa jiru (Adugna, 2010). Akkasumas, qaamoleen DhBO keessaa jiran damee barnootaa qorannoo keessatti jechoota Afaan Oromootti bifa walfakkaatuun fayyadamaa akka hinjirre ragaaleen agarsiisan ni jiru. Fakkeenyaaf, barattoonniifi barsiistonni Yuunivarsiitoota Jimmaa, Addis Ababaafi

Haramayaa akka walii galaattis ta'ee, tokko tokkoo yuunivarsiitii isaanii keessatti jechoonni isaan fayyadamanii Afaan Oromootiin qorannoo geggeessaa jiran walfakkaataa miti (Tariku, Teshome and Alemayehu, 2013). Akka Warquu (2005) ibsettis Yuunivarsiitii Harmayaa keessatti jechoonni yaadrimee barsiistonni Afaan Oromoo fayyadamaa jiran waalta'aa miti. Akkaataa mata duree fijaa tokkoo itti waaman qofti bifa shan akka qabu ibse (f. 107). Tarii kun jechoonni gareen kun moggaasu haalaan ibsamuu dhabuun irraa madduu mala jedhamee yaadame. Kanuma irraa ka'uun adeemsa jechoonni GQMJWAO DhBOtiif ibsaman xiinxaluuf barbaachise. Gaaffileen bu'uuraa qorannoonnichaatis kanneen armaan gadiiti:

1. GQMJWAO jechoota moggaasu akkamitti DhBOtiif dhi'eessa?
2. GQMJWAO jechoota moggaasu karaalee kamiin DhBOtiif ibsa?
3. Jechoonni GQMJWAO moggaasu hangam DhBO gahaa jiru?

**Sakatta'a Barruuwwanii**

Yeroo Afaan Oromoo afaan hojiifi barnootaa ta'e sanatti hanqinoota adda addaa guutuun barbaachisaa ture (Mekonnen, 2002; Tilahun, 2018). Hanqinoota yeroo sanatti mullatan keesaa kanneen akka qubee tolchuu, filachuu yookaan madaqsuufi jechoota moggaasuun isaan ijoodha. Akka Haugen (1966) ibsutti adeemsa waaltina afaan tokkoo keessatti qubee tolchuu, filachuu yookaan madaqsuun gulantaa jalqabaati (f. 252). Jechoota tajaajilaa adda addaatiif oolan moggaasuun gulantaa lammaffaadha. Jechoota moggaasaman tajaajilamtootaaf ibsuun ammoo, hojii itti aanu jechuudha.

Haata'u malee, akka Wolff (2000) ibsutti qubee tolchuu, filachuu yookaan madaqsuun murteessuudha (f. 333). Akka hayyoonni adda addaa ibsanitti adeemsa waaltina Afaan Oromoo keessatti hojiin qubeefi akkaataa barreeffamaa filachuu kunis ijaarama GQMJWAO dura deebii argate (Nuraddin, 2012, f. ii; Mekuria, 1995, f. 44; Baye, 1992, f. 3). Akka Abraham, Huang and Liu (2014) ibsanitti Addi Bilisummaa Oromoo (ABO) Sadaasa 3, bara 1991 qubee yeroo ammaa Afaan Oromoo ittiin barreeffamaa jiru kana, beektota walga'ii waamuudhaan walii galtee hundaatiin qubee Afaan Oromoo akka ta'u murteessise (f. 1818). Kanatti aanee Adoolessa, bara 1993 GQMJWAO BATO jalatti ijaaramee jechoota hojii biiroolee adda addaatiif moggaasuu eegale (Haliimaa, Sanbatoo, Abdulnaasir, Abarraafi Ibraahim, 1995, ff. 63-64). Akka ibsanitti jechoota moggaase ibsuunis hojiidhuma garee kanaati.

Akka Yule (2010) ibsutti ogeeyyiin hojii kana hojjatan karaalee adda addaatiin jechoota

filanii yookaan ijaaranii gara afaanichaatti dabalu (f. 53). Kana jechuun jechoonni moggaasaman tajaajilamtootaaf ibsamuu qabu jechuudha. Deumert (2004) hojiin ibsuu karoora hojii sadarkaa afaanii fooyyessu jalatti akka ramadamu ibsa (f. 2). Hojii kana kanneen hojjatan ogeeyyii dirreewwan qo'annoo adda addaa keessaa ijaaraman ta'uun barbaachisaadha (Almaz, 2018, f. 41). Garee kanatu jechoota moggaasaman loogawwan keessaa funaananii, uumanii, madaqsanii akkasumas ergifatanii, qubee filatameen barreessanii gara tajaajilatti galchu (Wolff, 2000).

Afaan tokko waalta'ee ga'umsaan dhimmoota hawaasaa adda addaatiif kan oolu, yoo itti fayyadamtoonni afaanichaa dirree adda addaa tajaajila afaanichaa ilaalchisee yaada isaanii kennuudhaan akka waalta'uuf tumsa taasisuu danda'ani (Almaz, 2018, f. i). Kun ammoo, adeemsa jechoota ibsuu keessatti kan hojiirra ooluu danda'u ta'a. Jechoonni moggaasaman karaalee adda addaatiin qindaa'anii fayyadamtoota bira ga'uu qabu. Qaamoleen tumsa gochuu danda'an kunneen jaarmayaadhaa hanga nama dhuunfaatti kan ibsaman ta'uu danda'u. Fakkeenyaaf, afaanota hirmaannaa dhuunfaatiin waalta'an keessaa tokko Afaan Ingilizii akka ta'e kaasuun ni danda'ama (Deumert, 2004, f. 28).

Kanaafuu, jechoonni moggaasaman fayyadamtootaaf ibsuudhaan hojiirra oolmaa isaaniitiif haalli mijachuu qaba. Akka UNESCO (2005) ibsutti walii galtee fayyadamtootaa irratti hundaa'uudhaan jechoota madaqsuun tokkummaa, waaltinaafi walfakkina jechoota moggasamaniitiif gahee olaanaa qaba (ff. 8-11). Kunis kan ta'u yoo fayyadamtoonni jechoota moggaasaman barani. UIE (1991) adeemsi afaan barsiisuun sadarkaa tokkoffaa irra darbee hanga sadarkaa lammaffaafi DhBOtti deemu malee guutuu akka hintaane ibsa (f. 10). Akka yaada isaatti jechoonni moggaasaman sadarkaa adda addaatti gosa barnootaa adda addaa keessa galuu qabu jechuudha. Kana mirkaneessuufis jechoota mogaasaman fayyadamtootaaf ibsuun barbaachisaadha. Kanaafis GQMJWAO kitaaba jechoota moggaasaa dameelee barnoota hunda qabatu qopheessuuf kaayyeffatee hojjachaa ture (Abarraa, 1999, f. 203).

Adeemsi jechoota moggaasaman ibsuu raawwii keessatti itti fayyadama jechoota yaadrimee gosa barnootaa tokko akka milkeessu amanama (Suonuuti, 2001, f. 32). Bu'uuruma kanaan yoo ilaalamu adeemsi GQMJWAO hordofee jechoota moggaasu BDhBOtiif ibsu akka jiru tilmaamuun ni danda'ama. Inni kunis karaalee adda addaatiin ta'uu danda'a. Fakkeenyaaf, Fishman (1974), Mekonnen (2002, f. 77) keessatti sabaa

himaaleen karaalee jechoonni moggaafaman gara hawaasaatti gad bahan ta'uu isaanii ibsuuf, "… the media are outlets for the formally approved codification," jedha (f. 116). Qorannoon kunis adeemsa hojiirra oolaa ture xiinxaluu irratti xiyyeeffate.

**Malleen Qorannichaa**

Gaaffilee qorannoo kanaa deebisuuf ragaaleen kuufatoota sakatta'uu, bargaaffiifi afgaaffiidhaan walitti qabamani. Ragaaleen malleen kunneeniin walitti qabamanis jechootaafi lakkoosaan (baayinaafi dhibbantaadhaan) gabateedhaan dhi'aatanii, xiinxalamanii ibsamanii jiru. Kanaafuu, malleen qorannoo kanaaf hojiirra oolan ibsaadha. Saxaxni ammoo, isaa walmakaadha. Maddi ragaalee ammoo, tokkoffaafi lammaffaadha. Maddi ragaalee tokkoffaan hayyoota Dureewwan Garee Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo (DGQMJWAO) ta'an akkasumas, turaniifi Miseensota Garee Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo (MGQMJWAO), Duree Muummee Afaan Oromoo (DMAO), Gaazexeessitoota Afaan Oromoo (GAO), Barsiistota Dhaabbilee Barnoota Olaanoo (BDhBO) keessatti Afaan Oromoo barsiisaa jiranifi Duree Koree Sirna Barnootaa Biiroo Barnootaa Oromiyaa (DKSBBBO)ti. Maddi ragaalee lammaffaan ammoo, Barruulee Wiirtuu jildii 1-12 hunda. Hayyoonnis ta'ee, barruuleen filataman hundinuu hunda caalaa madda ragaalee deebii gaaffilee qorannoo kanaa waan ta'aniif, mala iddatteessuu kaayyeffataadhaan filatamani.

Ragaalee qorannoo kanaa argachuuf, bara 2013 jalqaba irratti Barruuleen Wiirtuu sakatta'amanii xiinxalamanii jiru. Waa'ee jechoota moggaasamanii baruudhaaf, kanneen iddattoo qorannichaa ta'an hundi gad fageenyaan dubbisamanii yaadannoon barreeffamaan irraa walitti qabatame. Dhimmoonni adeemsa ibsa jechoota moggaasamaniin walqabatee qulqulleeffannaa barbaadan kan adda ba'an odeeffannoo mala kanaan walitti qabaman irratti hundaa'uun. Kana booda, gaaffileen afgaaffii kanneen gartokkeedhaan caasefamaniifi gaaffileen bargaaffiitiif kanneen cufamaafi banamaa ta'an qophaa'ani.

Itti aansuudhaan saayinsii adeemsa ibsaafi hubannoo jechoota moggaasamanii irratti bargaaffiin ragaaleen walitti qabuuf oolan kanneen gaaffilee 8 qophaa'ni. Akkasumas, bargaaffiin kun gaafilee adeemsa ibsaa mirkaneeffachuuf hojiirra oolmaa irratti ragaalee walitti qabuuf oolan 5 walumaan qophaa'ani. Hundi isaanii cufamaadha. Kana booda, bargaaffichi yaalamee, firiin isaa amanamummaa isaa madaalame. Akka shallaggii Kiroonbaak Alfaa Gaaffilee

Waalta'oo Bu'uureffateetti walta'uumsi gaaffilee adeemsa ibsuu irratti qophaa'anii naannoo .858 ta'uutu eegama. Kan gaaffiilee bargaaffii kanneenii ammoo, .852 ta'e. Kan kanneen hojiirra oolmaa ammoo, naannoo .854 ta'uutu barbaadama; 851 ta'e. Kanaafuu, amanamummaan gaaffilee barggaaffii kanaa amansiisaadha.

Kana booda, bargaaffichi BDhBO 137 ta'aniif karaa marsariitii ergame. Gaaffilee kunneen keessaa kanneen 8 kallattumaan adeemsa ibsa jechoota moggaasamanii irratti ragaaleen kan gaafatani. Isaan keessaa kaanneen 119 deebisanii jiru. Bifuma walfakkaatuun bargaaffiin gaaffilee banamaa 190 GAO 6 warra sagantaa Gabbisa Afaan Oromoofi Faana Afaan Oromoo irra hojjataniif akkasumas, BDhO keessatti gosa barnootaa Xiinqooqa, Ogbarruu, Malleen Qoranoo barsiisan 17 ergamee ture. Hundi isaanituu guutanii deebisanii jiru. Ragaalee bargaaffiidhaan walitti qabaman kanaan karaalee ibsamuu, hanga ibsamuu jechoota GQMJWAO gosoota barnootaa adda addaatiif moggaaseefi madda beekumsa jechoota haarawa BDhBO adda baasuun danda'amee jira.

Dabalataanis, karaaleefi sadarkaaleen ibsamuu jechoota moggaasamanii dhimmoonni agarsiisan MGQMJWAO ta'aniifi turan 5, kanneen DhBO keessatti DMAO ta'an 6, kan Duree Koree Sirna Barnootaa Biiroo Barnootaa Oromiyaa (DKSBBBO) ta'e 1 akkasumas, GAO sagantaa waaltina Afaan Oromoo irra hojjatan 2 irraa gosa afgaaffii gartokkeen caasefammaa 5 fayyadamuun ragaaleen walitti qabamanii jiru. Odeefkennitoota kunneen hunda irraa ragaaleen kan walitti qabaman bara 2013 ji'a Fuulbanaa hanga Amajjiitti. Kan nama tokkoo malee ragaaleen hundinuu bilbilaan walitti qabamani. Sagaleen odeefkennottota hundaatuu waraabamee gara barreeffamaatti jijjiiramuudhaan xiinxalame.

Dhumarrattis, gaaffilee qorannoo kanaa deebisuuf ragaaleen jalqabaa kuufatoota irraa walitti qabaman ga'umsa gaaffilee bu'uuraa deebisuu irratti qaban irratti hundaa'uudhaan kophaatti secca'amani. Ragaaleen bargaaffii qophaa'een funaanamanis, kallattii gaaffilee bu'uuraatiin ilaalaman. Sana booda, gaaffileen afgaaffiidhaan walitti qabaman ilaalamani. Itti aansuudhaan ragaaleen malleen sadaniin walitti qabaman walkeessa makamanii xiinxalamanii ibsamuudhaan, ragaaleen gaaffilee bu'uuraa deebisuu danda'an adda ba'ani. Adeemsa kana keessatti dhimmoonni jiran adda ba'anii muuxannoo hayyoonni tokko tokkoo isaaniitiin walqabsisanii ibsan waliin walitti fiduudhaan akka hubannoo horachiisuu danda'anitti kaa'amanii jiru.

**Dhi’eessaafi Xiinxala Ragaalee**

Mata duree kana jalatti mata dureewwan xixiqqaa saditu walduraa dubaan dhi’aate. Kan jaqabaa, akkaataa GQMJWAO jechoota moggaase DhBOtiif ittiin dhi’eessu irratti kan bu’uureffate. Kan itti aanu karaalee GQMJWAO jechoota moggaase DhBOtiif ittiin ibsu kan giddu galeeffate. Inni dhumaa, hanga jechoonni GQMJWAO moggaase DhBO bira ittiin gahaa jiru irratti xiyyeeffate. Haluma xiyyeeffannaa isaanii irratti hundaa’een, tokko tokkoo isaanii jalatti ragaaleen gaaffilee qorannoo adeemsa ibsa jechootaatiin walqabatan deebisuu danda’an jechootaafi gabatee dhi’aatanii, xiinxamanii, ibsamanii jiru.

**I. Akkaataa Dhi’eessa Jechoota Moggaasamanii**

Akka ragaalee afgaaffiidhaan walitti qabaman irraa hubatametti GQMJWAO jechoota afaanichaa erga moggaasee, koratti dhi’eessee ga’umsa isaanii mirkaneessisa. Kana booda, Barruulee Wiirtuu irratti maxxansiisa. Akkasumas, kuufatoota (Barruulee Wiirtuu) sakatta’uudhaan akka hubatametti GQMJWAO jechoota moggaasu Barruulee Wiirtuu Jildii 1-11 fuula gara dhumaarratti, akka dabalee (miiltootti) maxxansiisee jira. Akkaataan maxxansama jechoota kanneenii bifa qophii galmee jechootaa afsadeetiin walfakkaata. Kana jechuun, Afaan Oromoo, Afaan Amaaraatiifi Afaan Ingiliziitiin walcinaatti barreeffamanii jiru. Haata’u malee, tartiibni qubeetis ta’ee, kan jechoonni ittiin dhi’aatanii dhaabbataa miti. Kanneen barruulee hundaa walfakkaataa miti jechuudha.

Jechoonni Wiirtuu Jildii 1-6 irratti duraa duuba Afaan Oromoo - Afaan Amaaraa – Afaan Ingiliziitiin dhi’aatani. Jildii 1-5 irratti tartiiba qubee Afaan Amaaraatiin, Jildii 6 tartiiba irratti ammoo, tartiiba qubee Afaan Oromootiin kaa’amanii jiru. Wiirtuu Jildii 7 irratti jechoota Afaan Oromoo gara Afaan Oromootti (yaadrimee isaanii) hiikuudhaan tartiiba qubee Afaan Oromootiin kaa’amanii dhi’aatani. Bifa galmee jechootaa aftokkee fakkaatuun jechuudha. Wiirtuu Jildii 8 irratti ammoo tartiiba qubee Afaan Ingilziitiin, 9 irratti tartiiba qubee kamiituu osoo hinhordofin dhi’aatani. Unka dhaabbataa ta’een hindhyaanne jechuudha. Duraa duubni afaan ittiin dhi’aatanii garuu, Afaan Ingilizii-Afaan Oromoo-Afaan Amaaraati. Kunis akkaataa ibsa jechoota kunneenii irra dhiibbaan afaanota biroo jiraachuu agarsiisa.

Dhiibbaan afaanota biroo akkaataa ibsa jechoota moggaasamanii kanarra qabatamaan jiraachuu ragaaleen afgaaffiidhaan walitti qabamanis agarsiisanii jiru. Kana malees, ragaan kuufatoota sakatta’uudhaan argame kan dhimma kana ibsu akkana jedha: “…yeroo ammaa namoonni Afaan Oromootiin

barreessan cufti Afaan Amaaraaf afaan biraatiin waan barataniif caasaafi ragaalee afaan kanneenii Afaan Oromoorratti fayyadamuuf yaalu" (Abarraafi Hayilamaaram, 1989, f. 93). Haata'u malee, Wiirtuu Jildii 10fi 11 irratti jechoonni dhi'aatan kan maxxansaman tartiiba qubee Afaan Oromootiin ta'ee, duraa duuba Afaan Oromoo - Afaan Ingilizii - Afaan Amaaraatiin kaa'amanii jiru. Maxxansa kunneen irratti hojiin maxxansaa (dhi'eessaa) dhiibbaa afaanota biroo irraa bilisa ta'uu agarsiisa.

Erga jechoonni moggaasaman Barruulee Wiirtuu irratti maxxansamaniin booda qaamolee jechoota kunneenitti fayyadaman biraan ga'uun adeemsa itti aanu ta'a jechuudha. Akka Haliimaa, Sanbatoo, Abdulnaasir, Abarraafi Ibraahim (1995) ibsanitti GQMJWAO jechoota kan moggaasu Afaan Oromoo hojii birookiraasii akkasumas, hojii saayinsiifi tekinooloojiitiif geesisuufi (f. 69). Kanaafuu, warra afaan kanaan dirreewwan kunneen keessa hojjataniif moggaasa jechuudha. Odeefkennaan afgaaffii kan miseensa GQMJWAO tokko GQMJWAO jechoota eenyuuf akka moggaasu gaafatamnaan akkas jedhe: "Jechoota kan moggaasnu itti fayyadamtoota afaaniitiifi. Warra baruufi barsiisuu keessa jiran, dhaabbilee barnootaa, qorattoota afaaniitiifi sabaa himaaleedhaafi,". Akka ibsa kanaatti, gareen kun jechoota eenyuuf akka moggaasaa jiru sirriitti beeka jechuun ni danda'ama. Akkuma ibse, qaamolee jechoota garee kanaatti tajaajilaman keessaa miseensa dhaabbilee barnootaa kan ta'e DhBOdhaaf ibsuus akka qabu hubatee jira jechuudha.

## II. Karaalee Ibsa Jechoota Moggaasamanii

Akka ragaaleen sakatta'a kuufatootaa sakatta'uufi afgaaffiidhaan walitti qabaman irraa hubatametti GQMJWAO jechoota moggaasu qaamolee kam kamiif akka moggaasu ni beeka. Haata'u malee, kun qofti gahaa miti. Jechoonni moggaasaman qaamolee tajaajilamaniif yoo ga'an yookaan ibsaman malee bu'aan barbaadame hinargamu. Jechoonni moggaasaman tajaajilamtootaaf yoo ibsaman, adeemsi waaltina jechootaa milkaa'a (Suonuuti, 2001, f. 32). Kanuma irraa ka'uun, GQMJWAO jechoota moggaase qaamolee tajaajilaman keessumattuu DhBOtiif karaalee kam kamiin akka ibsu miseensonni isaa gaafatamanii jiru. Akka ibsanitti gareen kun jechoota moggaasu karaa Barruulee Wiirtuu, karaa walga'ii koraafi karaa MGQMJWAO fayyadamtoota biraan gahaa jira. Bu'uuruma kanaan hanga tokko tokkoon karaalee heeraman kanneen tajaajilamtoota keessaa DhBO bira ittii gahaa jiru ilaaluun barbaachise. Ragaalee bu'uura godhachuudhaan yemmuu

ibsaman gaheen tokko tokkoo isaanii kan itti aanee ibsame kana fakkaata.

**a. Karaa Barruulee Wiirtuu**

Akka ragaaleen sakatta'a kuufatootaafi afgaaffiidhaan walitti qabaman agarsiisanitti GQMJWAO Barruuleen Wiirtuu Jildii 13 maxxansamee jira. Akka karoora isaatti Barruuleen kun waggaa waggaadhaan maxxansamuu qaba ture. Akkasitti osoo ta'ee, hanga bara kanatti barruuleen kun jildii 26 maxxansamuu danda'u jechuudha. Kanaafuu, raawwiin isaa 50% irra jiraachuu agarsiisa.

Barruulee Wiirtuu maxxansaman kunneen keessaa jildiin 1-11 qofa irratti jechoonni GQMJWAO moggaase maxxansamanii jiru. Baayyinni jalteenya barruulee tokkoof heyyamamu 5,000 qofa. Kana jechuun Barruuleen Wiirtuu Jildii 1-11 qaban jalteenya 55,000 qofatu manneen barnootaa Oromiyaa keessa jiran 16,709 (sadarkkaa tokkoffaa 15,244, sadarkaa lammaffaa 1,465), DhBO 30 (kolleejjota 13, yuunivarsiitoota 17) maxxanfame dhi'aate jechuudha. Jalteenya maxxansamu dhaabbilee barnootaa qofaaf osoo qoodame, jalteenyi jildii tokkoo tokko dhaabbilee barnootaa 3.35 (1:3.35) ga'uu danda'a jechuudha.

Kana malees, baayyina jalteenyaa kan kallattii dhaabbilee barnootaatiin ibsame kana kallattii baayyina barsiistotaafi barattoota Afaan Oromoo akkasumas, baayyina hojjattoota biiroolee Oromiyaa keessaa jechoota moggaasaman fayyadamuu barbaadaniitiin ilaaluun sadarkaan hanqina dhi'eessii hangam akka ta'e timaamuu nama dandeessisa. Kanaafuu, akka ragaalee kanneeniitti gosa barruulee hunda irraa tokko tokkoo argachuu mitii, hunda keessaa tokko argachuuniyyuu rakkoo cimaadha jechuudha.

Bifuma walfakkaatuun, barsiistonni Afaan Oromoo DhBO keessa jiran hangam Barruulee Wiirtuu argatanii jechoota GQMJWAO moggaasaa jiru akka baraa jiran adda baasuuf ragaaleen walitti qabamani. Akka ragaaleen bargaaffiidhaan walitti qabaman akeekanitti carraan Barruulee Wiirtuu dubbisuu BDhBO 54/120 (45%). Akka ragaaleen afgaaffiidhaan argaman agarsiisanittis, DMAO barsiistonni jechoota GQMJWAO akka argatan haalli isaan mijeessan hinjiru.

Dabalataanis, ragaalee bargaaffii barsiistotaa kana mirkaneeffachuuf qaama GQMJWAO waliin afgaaffiin adeemsisamee ture. Akka ragaaleen walitti qabaman irraa hubatametti jechoonni moggaasaman kan maxxansaman Barruulee Wiirtuu irratti. Barruuleen Wiirtuu ammoo, waggaa waggaadhaan maxxansama (Abarraafi Hayilamaaram 1989, f. 2). Haata'u malee, barruulee maxxansaman sakatta'uudhaan akka hubatametti Wiirtuun bara baraan

maxxansamaa kan ture bara 1989-1993 qofa. Akka odeefkennitoonni afgaaffii (MGQMJWAO) ibsanitti kora qopheessuun addaan ciccinnaan barruulee kunneen maxxansiisuun addaan ciccite. Barruulee maxxansiisuun addaan ciccinnaan jechoota saffisaan dhi'eessuufi irratti mar'achiisuun, achumaan ibsuunis dhaabbate.

Kanaafuu, yeroo ammaa kana jechoota moggaasanii kora irratti ibsuun addaan citee jira. Barruulee Wiirtuu jechoota moggaasaman of irraa qaban maxxansiisuunis hafee jira. Ragaaleen sakkata'a barruutiin walitti qabames kanuma agarsiisa. Barruulee Wiirtuu Jildii 12fi 13 irratti jechoonni moggaasaman hinmaxxansamne. Kanaaf addaan cituun koraa sababa akka ta'e, ragaalee afgaffiidhaan MGQMJWAO argaman ni mirkaneesu. Sababuma kanaan BDhBO hanguma duraa sanayyuu jechoota GQMJWAO moggaasu aragachuun hinjiru jechuudha. Qaamoleen sadarkaa kanaarra jiran, kanneen kuufatoota jechoonni garee kanaa irratti maxxansaman argatanii dubbisuudhaaf hunda caalaa carraa argachuu malan, carraan isaan argatan kanumti duraanuu sadarkaa gadaanaarra ture sun addaan cite taanan, adeemsi waaltina jechootaa ni gufata jechuudha.

**b. Karaa Walga'ii Koraa**

Ragaaleen afgaaffiidhaan MGQMJWAO irraa walitti qabaman akka agarsiisanitti BATO kora ga'umsa jechoota moggaasamanii mirkaneessu kan waamu waggaatti haal tokko. Korri kun guyyoota lama qofa taa'a. Guyyootuma kanneen keessatti hayyoota kora kana irratti argamaniif jechoonni moggaasaman ibsamu jechuudha. BATO erga dhaabbatee wagga waggaadhaan yoo waame, haal 26 waamuu akka danda'u ragaan kun ni hubachiisa. Haata'u malee, ragaaleen dabalataan odeefkennitoota kunneen irraa walitti qabaman akka ibsanitti korri kun hanga 2005 bifa addaa ciccitiinsa qabuun haal 11 waamamee ture. Sana booda ni dhaabbate. Kana irraa kan ka'e, bara heerame kanaa as jechoonni moggaasamanii ibsaman hinjiran jechuudha. Akkasumas, ragaaleen afgaaffiidhaan DMAO DhBO adda addaa irraa walitti qabaman akka agarsiisanitti barsiistonni carraa kora irratti hirmaachuu argatan baayyee muraasa. Kanneen hirmaachuu carraa argataniyyuu waa'ee jechoota moggaasamanii caalaa waa'ee qorannoowwan dhi'aatanii akka yaadatan ibsu. Kanaafuu, jechoonni moggaasaman karaa kana ni ibsamu jedhanii fudhachuun hindanda'amu.

**c. Karaa MGQMJWAO**

Akka Haliimaa, Sanbatoo, Abdulnaasir, Abarraafi Ibraahim (1995) ibsanitti GQMJWAO kan ijaarame bakka bu'oota biiroolee Oromiyaatiifi hayyoota Afaan Oromoo miseensota taasifateeti. Hojiin isaa

jechoota moggaasuudhaan hanqina Afaan Oromoo dirreewwan hojii adda addaa keessatti qabu guutuuf ture (ff. 63-64). Akka ragaa kanaatti baayyinni MGQMJWAO yoo xiqqaate hanga biirooleen Oromiyaa baayyatan ni baayyatu jechuudha. Kan jechuun hayyoota baayyinni isaanii 40 ol ta'u ni qabaata jechuudha (LQRMNOG, lakk.199/2008). Ragaaleen afgaaffiidhaan argaman akka agarsiisanitti hayyoota kunneen keessaa tokko bakka bu'aa DhBOti. Innis Yuunivarsiitii Addis Ababaa irraa hirmaata. Namni tokkos KSBBBO irraa akkasumas, tokko sabaa himaalee irra hirmaatu. Haata'u malee, akka afgaaffii MGQMJWAO waliin taasisameen hubatametti baayyinni garee kanaa 4-18 caalee hinbeeku. Jechoota moggaasaman ibsuun karaa miseensota kanneenii hangam akka milkaa'e ilaaluunis danda'amee jira. Jalqaba irratti karaa sabaa himaalee hangam akka ibsamuu malan adda baasuuf sadarkaa beekumsaa GAO jechoota ogummaa sadii kanneen irratti qaban adda ba'ee jira. Innis kan gabatee itti aanu kana keessatti qindaa'e kana.

**Gabatee 1. Hanga Geezexeessitoonni Jechoota GQMJWAO Gosa Barnootaa Adda Addaa Beekan**

| Jechoota Xiinqooqaa | Jechoota Ogbarruu | | | Jechoota Malleen Qorannoo |
|---|---|---|---|---|
| | Asoosama | Ogwalaloo | Diraamaa | |
| 16/144(11.11%) | 46/180(25.55%) | 7/32(21.87%) | 33/180 (18.33%) | 15/90 (16.66%) |
| | 86/392 (21.91%) | | | |
| 117/626 (18.69%) | | | | |

Akka ragaaleen Gabatee 1 agarsiisanitti gaazexeessitoonni bargaaffii dhi'aateef guutan jechoota GQMJWAO dirree xiinqooqaatiif moggaase keessaa 11.11%, jechoota Ogbarruu keessaa 21.91% (kan Asoosamaa 25.55%, kan Ogwalaloo 21.87%, kan Diraamaa 18.33%), jechoota Malleen Qorannoo keessaa 16.66% akka moggaasamanitti beeku. Akka walii galaatti, jechoota 626 keessaa 117 (18.69%) qofa beeku. Beekumsi barsiistota gosa barnootaatis 20.42%, kan isaan lamaanii 19.45% akka ta'e, ragaaleen meeshaa walfakkaatuun walitti qabaman ni agarsiisu. Kun beekumsi isaanii gadaanaa ta'u akeeka. Kanaafuu, gaheen isaan (GAOfi BDhBO gosa barnootaa adda addaa barsiisaa jiran) jechoota moggaasaman kanneen ibsuu irratti ba'an sadarkaa MGQMJWAO ibsaa jiran kanaan akka hintaane hubachuun ni danda'ama.

Akkasumas, GQMJWAO gama isaatiin hojii jechoota moggaasu BDhBOtiif ibsuu yoo hojjate, gochoonni raawwachuu malu ni jiru. Isaanis jechoota moggaasu saffisa barbaachisuun (yeroodhaan), ga'umsaan,

kallattii adda addaatiin dhi’eessuufi barsiistota irratti mari’achiisuudha. Yoo akkas ta’ee, kaayyolee isaa galmaan ga’uu danda’a. Kanaafuu, ragaaleen sadarkaalee raawwii gochoota kanneenii adda baasuudhaaf barsiistota irraa bargaaffiidhaan walitti qabaman gabatee armaan gadii keessatti dhi’aatanii jiru.

**Gabatee 2. Ga'umsa GQMJWAO Adeemsa Jechoota Moggaasamanii Ibsa**

| Gaaffii Ijoo | Gaaffilee | Qabxiilee Safarrii Ga’umsa Ibsaa | Deebii Barsiistotaa | | | | | | QGG |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | BG | G | GG | O | BO | Q | |
| Ga’umsi GQMJWAO jechoota moggaasu isiniif ibsuu irratti qabu ammami? | 29 | Mari’achiisuu | 75(65.2%) | 25(21.7%) | 12(10.4%) | 2(1.7%) | 1(0.9%) | 1.51 | 1.74 |
| | 30 | Saffisa | 61(51.7%) | 46(33.9%) | 13(11%) | 3(2.5%) | 1(0.8%) | 1.66 | |
| | 31 | Karaalee ibsuu | 54(46.2%) | 42(35.9%) | 15(12.8%) | 5(4.3%) | 1(0.9%) | 1.77 | |
| | 32 | Ogummaa | 44(38.9%) | 30(26.5%) | 32(28.3%) | 5(4.4%) | 2(1.8%) | 2.03 | |
| Q | | | 50.5% | 29.5% | 16.125% | 3.225% | 1.1% | | |

**Furtuu: 4.5-5 = Baayyee Olaanaa (BO), 3.5-4.49 = Olaanaa (O), 2.5-3.49 = Giddu Galeessa (GG), 1.5-2.49 = Gadaanaa (G), 0-1.49 = Baayyee Gadaanaa (BG)**

Akka ragaaleen Gabatee 2 giddu galeessaan (GG) agarsiisanitti sadarkaan gochoota GQMJWAO jechoota moggaasu ibsuuf taasisu 50.5% baayyee gadaanaa, 29.5% gadaanaa, 16.125% giddu galeessa, 4.325% ammoo, olaanaa baayyee olaanaa ta’uu agarsiisu. Kana jechuun hojiileen hojjataman harki baayyee olaanaan (80%) gadaanaafi baayyee gadaanaadha jechuudha. Qabxiin Qixeentaa Giddu Galeessaa (QGG) jalatti ibsames 1.74 ta’uun sadarkaa ganaanaarra jiraachuu mirkaneessa (Gabatee 2 [QGG] jala ilaali). GQMJWAO jechoota moggaasaa jiru barsiistota Afaan Oromoo DhBO keessa barsiisaniif ibsuu irratti hanqinni akka jiru ragaaleen kunneen mirkaneessanii jiru.

Walumaa galatti, qabxiilee karaalee hedduu ibsuutiin walqabatee jiru ilaalchisees afgaaffiidhaan haala ture adda baafachuun danda’amee jira. Akka ragaaleen agarsiisanitti jechoonni moggasaman koraaf dhi’aatanii Barruulee Wiirtuu irratti maxxansamu. Kana malees, karaa sabaa himaalee akka Raadiyoo Faanaatiifi Raadiyoo Itoophiyaa darbaa turani.

Amma garuu, hundinuu addaan citanii jiru. Ta'us, yeoo hojiirra turanitti karaaleen ittiin ibsamaa turan sadi jechuun ni danda'ama. Yeroo ammaa kana kanneen addaan citan kunneen itti fufsiisuu dadhabuun sadarkaa tattaaffii GQMJWAO jechoota moggaasu karaalee adda addaatiin ibsuu taasisu kan barsiistonni bargaaffii irratti akeekan kan dhugoomsu ta'a jechuudha. Haalli kun hojiirra oolmaa jechoonni GQMJWAO dirree barnootaa keessatti qaban ni gufachiisa.

## III. Sadarkaa Ibsama Jechoota Moggaasamanii

Akka ragaaleen MGQMJWAO irratti afaggaffiidhaan walitti qabaman agarsiisanitti jechoonni maggaasaman kan raabsamaa turan karaa walga'ii koraa, karaa Barruulee Wiirtuufi karaa MGQMJWAOti. Akka ragaaleen kuufatoota sakatta'uun argaman agarsiisanittis jechoota moggaasu ibsuun hojii GQMJWAOti. Haliimaa, Sanbatoo, Abdulnaasir, Abarraafi Ibraahim (1995) hojiin kun hojii isaanii (MGQMJWAO) akka ta'e yoo ibsan, "…ogeessonni afaanii walga'anii mari'atanii erga walamansiisaniin booda [jechoota] moggaasanis ummataaf raabsuu qabu," jedhu (f. 69). Akka Warquu (2005) ibsettis Koreen Waaltina Jechoota Afaan Oromoo (KWJAO) maleenya ibsaa hordofuudhaan jechoota waaltessaa jira (f. 26). Kanaafuu, jechoota moggaasamaa jiran DhBOtiif kan ibsuu qabu garee kana jechuudha. Yookaan, BDhBO jechoota kanneen akka argatanii carraa kan uumuu qabu isa jechuudha. Kanuma irraa ka'uun carraan uumamee jechoota ibsuun, sadarkaa kamiin akka ibsamuu danda'u ilaaluun barbaachisa ta'e.

### a. Carraa BDhBO Jechoota GQMJWAO Argachuuf Qaban

Abarraafi Hayilamaaram (1989) bu'aa carraa gama barruulee jechoonni moggasaman irratti maxxanfaman argachuutiin jiru yoo ibsan, "Barruuleen kunniin bakka carraan afaan ofiitiin barachuu argamee, wanni irraa baratan hinjirretti gumaata guddaa qaba," jedhu (f. 31). Akkasumas, Dirribaa (2006) faayida qabeessummaa hojiilee garee kanaa yoo ibsu, "Kibaabileefi barruuleen maxxanfaman kun sirna barnootaa cimsuufi hojii qormaata adda addaatiif ciicata ta'uun kan deeggaran waan ta'eef akka ciminaatti fudhachuun ni danda'ama," jedha. Ragaaleen afgaaffiin walitti qabamanis kanumaan walfakkaatu. Bu'uuruma kanaan BDhBO sadarkaa kamiin jechoota moggaasamaniifi Barruulee Wiirtuu argachuuf carraa akka qaban ibsan bargaaffiidhaan gaafatamanii ture. Deebiin isaan kennanis kan gabatee armaan gadii keessatti qindaa'e kana.

**Gabatee 3. Carraa Argannaa Jechoota Moggaasamaniifi Barruulee Wiirtuu**

| Gaaffii Ijoo | Gaaffilee | | Deebii Barsiistotaa | | | | | Q | QGG |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | BG | G | GG | O | BO | | |
| Carraan jechoota moggaasamaniifi Barruulee Wiirtuu jiru argachuuf ammami? (Gaaffilee 33-34) | 33 | Jechoota | 40(33.9%) | 46(39%) | 26(22%) | 4(3.4%) | 2(1.7%) | 2.00 | 2.1 |
| | 34 | Barruulee | 27(24.1%) | 44(39.3%) | 34(30.4%) | 5(4.5%) | 2(1.8%) | 2.2 | |
| Q | | | 29% | 39.15% | 26.2% | 3.95% | 1.75% | | |

**Furtuu: 4.5-5 = Baayyee Olaanaa (BO), 3.5-4.49 = Olaanaa (O), 2.5-3.49 = Giddu Galeessa (GG), 1.5-2.49 = Gadaanaa (G), 0-1.49 = Baayyee Gadaanaa (BG)**

Akka ragaaleen Qixeentaa (Q) Gabatee 3 irratti dhi'aatan agarsiisanitti carraan Barruulee Wiirtuufi jechoota moggaasama karaalee adda addaa argachuu BDhBO keessatti Afaan Oromoo barsiisan qaban 68.15% sadarkaalee gadaanaafi baayyee gadaanaa, 26.2% giddu galeessa, 5.7% olaanaafi baayyee olaanaarra jira. Qixeentaan Giddu Galeessaa (QGG) jalaa 2.1 ta'uunis sadarkaa gadaanaarra akka jiru hubachiisa. Kanaafuu, barsiistonni Afaan Oromoo DhBO keessa jiran jechoota GQMJWAO moggaasee maxxansiisaa jiru argachuuf carraan isaan qaban hanga barbaadamu miti jechuun ni danda'ama. Ragaaleen afgaaffiin walitti qabamanis kanuma cimsu.

**b. Hubannoofi Beekumsa BDhBO Jechoota GQMJWAO Ilaalchisee Qaban**

BDhBO jechoonni GQMJWAO moggaasu jiraachuu ilaalchisee hubannoo qabaachuufi sadarkaa beekumsa gonfataniin walqabatee jechoota dirreewwan Xiinqooqaa, Ogbarruufi malleen Qorannoo bu'uura godhacuudhaan dhugaa jiru adda baasuuf bargaaffiidhaan ragaaleen walitti qabamanii jiru. Ragaaleen argamanais bifuma gabatee itti aanee jiru keessatti qindaa'e jira.

**Gabatee 4. Hubannoofi Beekumsa BDhBO Jechoota Moggaasaman Ilaalchisee Qaban**

| Gaaffii Ijoo | Filannoowwan | Deebii Barsiitotaa | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | Gaaffii 13 Hubannoo | Gaaffii 14 Beekumsa | Q | QGG |
| **Hubannoon jiraachuu jechoota moggaasamaniifi beekumsi jechoota moggaasaman irratti qabdu ammami? (Gaaffilee 13, 14)** | Baayyee Gadaanaa | 9(7.7%) | 10(8.6%) | 8.15% | 2.925 |
| | Gadaanaa | 25(21.4%) | 20(17.2%) | 19.3% | |
| | Giddu Galeessa | 56(47.9%) | 56(48.3%) | 48.1% | |
| | Olaanaa | 19(16.2%) | 29(25%) | 20.6% | |
| | Baayyee Olaanaa | 8(6.8%) | 1(0.9%) | 3.85% | |
| **Qabxiilee Q** | | 2.93 | 2.92 | | |

**Furtuu: Qabxiin Giddu Galeessaa 4.5-5 = Baayyee Olaanaa, 3.5-4.49 = Olaanaa, 2.5-3.49 = Giddu Galeessa, 1.5-2.49 = Gadaanaa, 0-1.49 = Baayyee Gadaanaa**

Akka ragaaleen Gabatee 4 keessatti qindaa'an agarsiisanitti sadarakaan hubannoo jiraachuufi beekumsa BDhBO jechoota GQMJWAO moggaasu walqabatee qaban hubachuun ni danda'ama. Bu'uuruma kanaan hubannoo moggaasamaa jiraachuu jechootaafi beekumsi barsiistonni qaban 27.45% giddu galeessaan sadarkaalee gadaanaafi baayyee gadaanaarra jira. 48.1% sadarkaa giddu galeessa 24.45%, sadarkaalee olaanaafi baayyee olaanaa ta'a. Qabxiin Qixeentaa Giddu Galeessaa (QGG) 2.925 ta'uu ammoo, sadarkaan kun giddu galeessa ta'uu mirkaneessa. Kallattii carraa jechoota kunneen argachuu olitti ibsameetiin yoo ilaalame, haalli kun sadarkaa fooyya'aa irraa jira jechuun ni danda'ama.

**c. Maddoota Beekumsa Jechoota Barsiistonni Argachaa Jiranii**

Akka ragaaleen afgaaffiidhaan walitti qabaman irraa hubatametti GQMJWAO jechoota moggaasu karaa Barruulee Wiirtuu, karaa walga'ii koraafi karaa miseensota isaa tajaajilamtootaaf akka ibsa. BDhBO ammoo, akka madda beekumsa jechootaatti maal akka fayyadaman ilaaluuf ragaaleen bargaaffiin walitti qabaman gabatee gadii keessatti qindaa'anii jiru.

**Gabatee 5. Maddoota Jechoota Haarawa BDhBO Fayyadamaa Jiranii**

| Gaaffii Ijoo | Filannoo | Deebii Barsiistotaa | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | Gaaffii 42 | Gaaffii 43 | Gaaffii 44 | Gaaffii 45 | Gaaffii 46 |
| | | Kitaabilee Wabii | Moojuloota | Mataa Ofii (Kan Koo) | Sabaa Himaalee | Barruulee Wiirtuu |
| Jechoota dirreewwan Xiinqootaa, Ogbarruufi Malleen Qorannoo keessatti itti fayyadamaa jirtan hangam madda kam irraa argattu? (Gaaffilee 42-46) | Baayyee Gadaanaa | 4(3.5%) | 3(2.5%) | 7(6%) | 7(6%) | 15(12.7%) |
| | Gadaanaa | 31(27%) | 27(22.9%) | 32(27.4%) | 32(27.6%) | 33(28%) |
| | Giddu Galeessa | 59(51.3%) | 48(40%) | 33(28.2%) | 50(43.1%) | 50(42.4%) |
| | Olaanaa | 14(12.2%) | 35(29.7%) | 34(29.1%) | 25(21.6%) | 17(14.4%) |
| | Baayyee Olaanaa | 7(6.1%) | 5(4.2%) | 11(9.4%) | 2(1.7%) | 3(2.5%) |
| **Qabxiilee Q** | | 2.9 | 3.1 | 3.08 | 2.85 | 2.66 |
| **Furtuu: Qabxiin Giddu Galeessaa 4.5-5 = Baayyee Olaanaa, 3.5-4.49 = Olaanaa, 2.5-3.49 = Giddu Galeessa, 1.5-2.49 = Gadaanaa, 0-1.49 = Baayyee Gadaanaa** | | | | | | |

Akka ragaalee Gabatee 5 BDhBOtti Qixeentaadhaan maddootaa kan kitaabilee wabii 2.9, kan moojulootaa 3.1, kan mataa ofii 3.08, sabaa himaalee 2.85, Barruulee Wiirtuu 2.66 akka madda beekumsa jechootaatti fayyadamaa jiraachuu agarsiisa. Barsiistonni kunneen Barruulee Wiirtuu sadarkaa moojulootaa, jechoota ofii fayyadamuu, kitaabilee wabii, sabaa himaaleetii gadi ta'een sadarkaa hundaa gadiitti akka madda jechoota haarawaatti itti fayyadamaa akka jiran mirkaneessa. Kana jechuun garuu, jechoonni bariistonni moojuloota, kitaabilee wabiifi sabaa himaalee irraa argatan kunneen kan GQMJWAO waaltessaa tureen ala jechuu miti. Kana adda baasuuf garuu, qorannoo biraa adeemsisuu barbaada. Haata'u malee, BDhBO keessatti Afaan Oromoo barsiisaa jiran jechoota GQMJWAO moggaasaa jiru sadarkaa ta'uu qabuun (akka wiirtuun madda waaltina jechootaa ta'etti) akka madda jechoota haarawaatti kan itti fayyadamaa hinjirre ta'uu hubachuun ni danda'ama.

Dimshaashumatti, ragaalee barsiistonni kennan kunneen irraa ka'uudhaan dhimmoonni akka qaawwaatti ibsamuu danda'an baayyeetu

jiru. Isaan keessaa tokkoffaan, kallattiin itti fayyadama madda jechoota Afaan Oromoo karaarraa ba'uudha. Inni lammaffaan, adeemsi moggaasa jechoota Afaan Oromoo wiirtuu waaltinaatiin ala kan bahaa jiru ta'uudha. Sadaffaan, GQMJWAO jechoota moggaasu ibsuu irratti hanqina kan qabu ta'uudha. Inni dhumaa too'annaan GQMJWAO taasisaa ture, itti fufees sirreeffamni taasise sadarkaa gadaanaarra jiraachuudha.

Akkasumas, dhimmoota akka qaawwaatti olitti tarreeffaman kanneeniin walqabatanii wantoonni ibsamuu danda'an baayyeedha. Isaan keessaa kan akka fakkeenyaatti fudhatamuu danda'u, barsiistonni Afaan Oromoo ofuma isaanii madda jechoota haarawaa ta'uudha. Haalli kun argannoo qorannoo Adunyaa (2010) irra deebiidhaan kan dhugoomse jechuun ni danda'ama. Akka inni ibsetti barsiistonni Afaan Oromoo jechoota GQMJWAO moggaasu dhiisanii kan ofii uumanitti fayyadamaa jiru. Kana malees, DMAO tokko yaada deebii afgaaffii irratti kenneen haalli kun barsiistota afaanichaa hunda biratti akka mullatu ofuma fakkeenya godhachuundhaan ibsee jira. Kun ammoo, adeemsa waaltina afaanichaatiif hanqina guddaadha.

Haata'u malee, Haliimaa, Sanbatoo, Abdulnaasir, Abarraafi Ibraahim (1995), "Dirqama seenaa moggaasa jechoota haarawaa kana biiroo Aadaafi Ispoortii Oromiyaatti koreen waaltina Afaan Oromoo fudhatee jira. …. Sirna saayinsii moggaasa jechootaan ala, akkuma namatti dhaga'ameen ykn akkuma itti toleen (emotionally) jechoota moggaasuun dogoggara. Kanaaf aadaa afaan ofiifi seera saayinsii afaanii hordofuun dirqama," jedhu (f. 9). Akka yaada kanaatti maddi guddaan jechoota haarawaa ykn jechoota moggaasamanii Barruulee Wiirtuu ta'uu qaba ture.

Kan biraa, jechoonni Afaan Oromoo wiirtuu tokko irraa eegamuu dhabuu isaa ragaaleen kunneen akeekanii jiru. Haata'u malee, Abarraa (1995) GQMJWAO akka furtuu rakkoo kanaatti akka tajaajilu yoo ibsu, "Hojii keessatti wanti furmaata gaafatu yoo isin mudate otoo murtii hinkennin dura qaama laallatu gaafachuun dagatamuu hinqabu," jedha (f. 103). Kana jechuun BDhBO yaadrimeen jecha afaanichaa hinqabne yoo jiraate, GQMJWAO gaafachuu qaba jechuudha. Akka adeemsa waaltina afaaniitti waairtiin akkanaa hordofamuu qaba. Kanaafuu, garee kun qaama furmaanni gaafatamu akka ta'e, beekamuu qaba.

**Goolabaafi Yaboo**

GQMJWAO jechoota waaltina Afaan Oromoo milkeessuuf qaamolee afaanichaatti tajaajilamaniif moggaasu Barruulee Wiirtuu 10 irratti afaanota

biroo lamatti hiikee maxxansiisee ture. Akkaataan tartiiba qubeefi afaanotaa barruuleewwan jildii 1-9 irratti (jildii 7 malee) dhiibbaa afaanota biroo jala turuun ni mullata. Kanneen gara dhumaa maxxansaman lamaan irratti garuu, tartiibni qubeefi jechootaa kan Afaan Oromoo ta'ee ture. Haata'u malee, maxxansa barruulee Jildii 11 booda maxxansi jechoota moggaasamanii ni dhaabbate. Kanaafuu, jechoota moggaasee tajaajilamtootaaf dhi'eessuu dhiise jira jechuudha.

Akka GQMJWAO amanutti jechoonni inni moggaasaa ture, karaa Barruulee Wiirtuu, karaa walga'ii koraafi MGQMJWAO fayyadamtoota kanneen akka BDhBO bira gahaa jira. Haata'u malee, Barruulee Wiirtuu jalteenya gahaadhaan maxxansamaa hinjiru. Namoonni kora irratti hirmaatanis sadarkaa barbaadamuun jechoota moggaasaman argachuu hindandeenye. MGQMJWAO hojiin jechoota moggaasaman ibsuu akka dirqama isaanii ta'e baranii hojjachaa hinjirani. Fakkeenyaaf, beekumsi qaamoleen sabaa himaalee irratti hojii waaltina Afaan Oromoo hojjatan qaban sadarkaa barbaadamuun ibsuu irra jiraachuu isaanii hinagarsiisu.

Kana irraa kan ka'e, hubannoon jiraachuu jechoota moggasamaniifi beekumsi BDhBO jechoota irratti qaban gaddu galeessaa irra jira. Carraan Barruulee Wiirtuufi jechoota kanneen argachuuf qabanis gadaanaadha. Kun ammoo, Sababuma kanaan BDhBO GQMJWAO caalaa biroo kanneen akka wiirtuu waaltina afaanichaatti beekamtii hinqabnetti akka fayyadaman taasisee jira. maddoonni biroo GQMJWAO caalaa akka maddoota beekumsa jechoota haarawaatti akka fayyadanii carraa uumee jira.

Haata'u malee, dagatamuun GQMJWAO kunis qaawwa gareen kun uume irraa kan madde fakkaata. Hojiilee kanneen qoratee kan yerootti fooyyessuu danda'u GQMJWAOti. GQMJWAO aangoo LQRMNOG (2008) kennameef itti fayyadamuu dhimmoota sirrachuu malan sirreessuu ni danda'a ture (f. 40). Kanaafis hubannoo dhabe jechuun hindanda'mu. Fakkeenyaaf, haalli kun adeemsa waaltinaa akka miidhu miseensonni isaa ibsan yoo ibsan, "…Biiroowwan Oromiyaaf[i] warri Afaan Oromootiin hojjetu marti yoo gama ofiitiin moggaasuu jalqaban waliigalteen dhabamuu ni mala," jedhu (Haliimaa, Sanbatoo, Abdulnaasir, Abarraafi Ibraahim, 1995, f. 69). GQMJWAO kana osoo beekuu, aangoo qabutti fayyadamee too'achuu dadhabe yookaan dhiise jechuudha.

Kanaafuu, bu'uura argannoowwan qorannoo kanaatiin, adeemsa ibsa jechoota GQMJWAO moggaasuuf qaamolee adda addaa akka xiyyeeffannoo kennaniifi

birmannaa guddaa taasisan yaboo kaa’uun barbaachisaadha.

A. BATO akkaataa dhi’eessa jechootaa ibsamanii dhiibbaa afaanota biroo jalaa baasee akka of danda’u taasisuuf qajeelfama GQMJWAO ittiin hojjatu osoo baasee akka fayyadamu taasiasee gaarii ta’a.
B. GQMJWAO akkaataadhuma kaayyoo isaa irratti heereen jechoota dirreewwan qo’annoo adda addaa moggaasee, barruulee adda addaatiin maxxansiisee, karaalee adda addaa osoo ibsee waaltinni Afaan Oromoo saffisuu danda’a.
C. GQMJWAO jalteenya maxxansa Barruulee Wiirtuu dabaluudhaan caasaa fayyadamtoota bira ittiin geesisu osoo diriirsee, karaa sanaan jechoonni moggaasaman fayyadamtoota hunda bira akka gahan osoo taasisee, hojiin isaa ni milkaa’a; fudhatama argata.
D. GQMJWAO karaalee jechoota moggaasu ibsu dabalataan bifa dhaabbataa ta’ee, too’achuu danda’uu osoo uumee haala gaariidhaan jechoota isaa fayyadamtoota biraan ga’uu danda’a.
E. GQMJWAO hanga jechoonni moggaasaa jiru fayyadamtoota bira gahaa jiran baruufi hanqinoota mullatan dafee furuuf yeroo yerootti qorannoo gochaa osoo geggeessee hojiin isaa bu’a qabeessa ta’uu danda’a.

**Wabiilee**


Abarraa Nafaa (1991). *Wiirtuu Jildii 4: Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo*. Finfiinnee: APE.

Abarraa Nafaa (1992). *Wiirtuu Jildii 5: Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo*. Finfiinnee: CPE.

Abarraa Nafaa (1993). *Wiirtuu Jildii 6: Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo*. Finfiinnee: CPE.

Abarraa Nafaa (1995). *Wiirtuu Jildii 7: Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo*. Finfiinnee.

Abarraa Nafaa (1999). *Wiirtuu Jildii 8: Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo*. Finfiinnee: APE

Abarraa Nafaafi Hayilamaaram Qaqqabaa (1989). *Wiirtuu Jildii 2: Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo*. Finfiinnee: CPE.

Abraham Tesso Nedjo, Huang, D. and Liu, X. (2014). Challenges of diacritical marker or hudhaa character in tokenization of oromo text. *Journal of Software*, Vol. 9, No. 7, July 2014.

Adugna Berkessa (2010). *Teminology-related problems in Afaan Oromoo: The case of* higher *institutions*. U.S.A.: Saarbrciken.

Almaz Wasse Gelagay (2018). The challenges of language standardization: The case of Gamo. A dissertation submitted to the department of linguistics and philology. Addis Ababa University. Addis Ababa, Ethiopia.

Baye Yimam. (1992). (Ethiopian) writing system. Addis Ababa University, Addis Ababa, Ethiopia: Ethiopians.con/bayeyima.html.

Desalegn Leshyibelu Gelaglie (2020). Standardization of Oromo: Orthographic and lexical perspectives. A dissertation submitted to the department of linguistics and philology. Addis Ababa University. Addis Ababa, Ethiopia.

Deumert, A. (2004). *Language standardization and language change, The dynamics of Cape Dutch.* Monash University: John Benjamins Publishing Company Amsterdam/Philadelphia.

Dirribaa Tarrafaa (2006). *Wiirtuu* Jildii 11: *Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo.* Finfiinnee: AMPP.

Dirribaa Tarrafaa (2010). *Wiirtuu* Jildii 12: *Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo.* Finfiinnee: Bole Printing Enterprise.

Dirribaa Tarrafaa (2013). *Wiirtuu* Jildii 13: *Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo.* Finfiinnee: Mega Printing PLC.

Downes, W. (1998). *Language and society (2nd edition).* Cambridge: Cambridge University Press.

Fainberg, Y.A. (1974). Official Hebrew terms for parts of the car: A study of knowledge, usage and attitudes. In Fishman, (ed.) *Advances in Language Planning*. The Hague: Mouton.

Federal Democratic Republic Government of Ethiopia (FDRE) (1994). *Education and training policy*. (1st ed.). Addis Ababa: St George Printing Press.

Federal Democratic Republic of Ethiopia Population Census Commission (CSA) (2008). Summary and statistical report of the 2007 population and housing census. Addis Ababa.

Fishman, J. (edition). (1974). *Advances in language planning*. The Hauge: Mouton.

Haliimaa Mohammediifi kaawwan. (1995). *Wiirtuu Jildii* 1**:** Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo. Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Artistikii.

Haugen, E. (1966). Linguistics and language planning. In Dil. (edn.). (1972). *The Ecology of Language,* 159-20. Stanford: Stanford University Press.

Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Gurmeessuu (LQRMNOG). (2008). Labsii qaamolee raawwachiiftuu mootummaa naannoo oromiyaa irra deebiidhaan gurmeessuu, aangoofi hojii isaanii murteessuuf bahe, lak. 199/2008.

Mekonnen Hundie (2002). Lexical standardization in Oromo.Addis Ababa University MA Thesis. (Unpublished).

Mekuria Bulcha (1993). Language, ethnic identity, and nationalism in Ethiopia: *The Oromo Commentary*. III (2) pp5-

Mekuria Bulcha (1995). Onesimos Nasib's pioneering contributions to Oromo writing. University of Uppsala, Sweden. *Nordic Journal of African Studies* 4(1): 36-59.

Milkeessaa Miidhagaa (2015). Afaan Oromoofi imaammata afaanii biyya *Itoophiyaa, 1855- 2015.* Finfinnee, Oromiyaa: Elleni P.P.PLC.

Mohammed Hassen (2010). 'Orature, resistance, and nationalism: A historical overview of the development of written Oromo literature' in the *Journal of Oromo Studies*, 17(1).

Nuraddin Aman Jarso (2012). Philological inquiry on the history manuscript of šayẖ Bakri Saphalo (Abubakar ŸUsmān) (1895-1980) Kitab Irsal As-sawarīkh ýIlā Samāý At-tawārīẖ fi kašf Ÿan tārīẖ Oromo. Addis Ababa University (Unpublished MA Thesis).

Suonuuti, H. (2001). *Guide to terminology (2nd edition*). Printed in Finland by Laser-Paino Oy, Helsinki 2001.

Tariku Sime*, Teshome Belayneh and Alemayehu Fekede (2013). Survey of research terms used in Afan Oromo: With special reference to three universities in Ethiopia**.** *Journal of Languages and Culture. Academic Journals* 4(7), (pp. 115-122) September, 2013: Retrieved from http://www.academicjournals.org/JLC.

Tilahun Negash Mekuria (2018). Some aspects of morphophonemic phenomena in Arsi-Bale Afan Oromo: The perspective of non-linear phonology: A dissertation submitted to the graduate school of Addis Ababa University in partial fulfillment of the requirements for the degree of doctor of philosophy in general linguistics.

UNESCO. (2005). Guidelines for Terminology Policies. Formulating and implementing terminology policy in language communities / prepared by Infoterm. – Paris: ix, 39 p.; 30 cm. (CI-2005/WS/4).

Unesco Institute for Education (UIE) (1991). Standardization of national languages. Symposium on language standardization

2-3 February 1991. Germany: University of Hamburg.

Warquu Dachaasaa (2001). *Wiirtuu Jildii 9: Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo.* Finfinnee: CPE.

Warquu Dachaasaa (2005). *Wiirtuu Jildii 10: Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo*. Finfiinnee: BPE.

Wondimu Tegegne (2019). The politics of qubee in Ethiopia: Rationales and Criticisms to the adaption of qubee as an official orthography of Afaan Oromoo. *Gadaa Journal/Barruulee Gadaa: A Bilingual Journal of the Institute of Oromoo Studies (IOS) Jimma University,* (2) (https:journals.ju.edu.et.)

Wolff, H. E. (2017). Language ideologies and the politics of language in post-colonial Africa.*Stellenbosch Papers in Linguistics* Plus, (51) 2017, 1-22 http://spilplus.journals.ac.za

Wolff, H. E. (2000). Language and society: In Nurse, D. and Bernd H. *African Languages, An introduction*. *Cambridge* university press.

Yule, G. (2010). *The study of language (4th ed.)*. UK: Cambridge University Press.